

# Da’uu

- LIDA Italia
- Sara Dorthea Johannesen
- Muhammed Berisso
- 4
- Afan Oromo `om`




Salaamaawit umrii 29 dha. Eertiraa keessatti mucaa ishee jalqabaa deesse. Ishee fi maatiinshee achitti rakkina waan qabaniif gara Xaaliyaanii deemuuf murteessan.



Ingaan waggaa 19 osoo hin guutin manaa baate. Gara Noorweey deemtee mucaa ishee jalqabaa achitti deesse.



Salaamaawit yeroo mucaa ishee lammaffaa ulfooftu biyya biraatti mucaa godhachuun maal fakkaata jettee yaadde.



Salaamaawit fi Ingaan haala adda addaa irraa kan dhufaniidha. Salaamaawit da’umsa irratti muuxannoo waan qabduuf nageenyi itti dhaga’ame. Ingaan waa’ee da’umsaa haadha ishee waliin haasofte.



Dubartoonni lamaanuu, biyyoota Awurooppaa irra caalaa isaanii keessatti, dubartoonni ulfaa kunuunsa dahumsa duraa argachuuf mirga akka qaban dhaga’anii turan. Kana jechuun yeroo ulfaa gargaarsa ni argatu jechuudha. Salaamaawit akkuma ulfa ta’uu ishee hubatteen hakiima ishee waliin beellama qabatte. Abbaan warraa Salaamaawit konkolaataan gara doktoraatti ishee geesseera.




Doktorri kun qorannoo tokko tokko godhee Salaamaawit gosa dhukkuba sukkaaraa dubartoonni ulfaa tokko tokko qaban akka qabdu hubate. Nyaata fayya qabeessa nyaachuu fi sochii qaamaa gochuu qabdi turte. Salaamaawit daftee gara hakiimaa deemuu isheetti gammadde, osoo isheen fi daa’imni ishee hin dhukkubsatin dura.



Ollaan Ingaa daa’ima godhachuuf akka yaaltu yommuu dhaga’u, ollaan sun akkuma ulfoofteen doktora bira akka deemtu itti hime. Akkasitti ishiifi mucaan ishii fayyaa akka qaban mirkaneeffachuu dandeesseetti. Doktorri kun fooliik asiidii vitaaminii dubartoota ulfaaf barbaachisaa ta’e akka fudhattu itti hime.



Ingaa fi hakiimni ishee yeroo ulfa ishee yeroo hunda akka qoratamtu deessiftuu tokkoon akka wal argitu walii galan. Deessiftuun nyaataa fi boqonnaa ilaalchisee gorsa isheef kennite, akkasumas akkaataa ofii ishee fi daa’ima ishee nagaa fi fayyaa itti eeguu dandeessu irratti odeeffannoo kenniteef.



Dubartoonni lamaan daa’imman fayyaa qaban da’an. Salaamaawit ilma biraa kan qabdu yoo ta’u, Ingaan ammoo intala tokko qabdi. Abbootiin manaa isaanii baay’ee kan boonan si’a ta’u, waa’ee haadha manaa isaanii ciccimoo fi ijoollee fayyaa qaban nama beekan hundatti himan.

# LIDA Stories

lidastories.net

## Da’uu

LIDA Italia
Sara Dorthea Johannesen
Muhammed Berisso

CC BY